Maatii Sanada Ijoo Dubbii

Sagantaa Qorannaa Daa'imman Reefuu Dhalatanii Minesootaa

# Bu'aa Qorannoo Timjii/Daangaa Irraa: Beeksisa Bu'aa Qorannoo Saamuda Dhiigaa

**Elevated CK-MM, Family Fact Sheet—Oromo**

## Olka'uu Inzaayimii CK-MM

### Qorannoo wal'aansaa daa'imman reefuu dhalatanii irratti maaltu argame?

Qorannoon wal'aansaa daa'imman reefuu dhalatanii erga dhalataniin booda walitti qabame daa'imni keessan inzaayimii maashaalee kan kiriiyaatiin-kinaasii (CK-MM) jedhamu baay'ee akka qabu mirkanaa'eera.

### Kana jechuun maal jechuudha?

CK-MM'n olka'aa ta'uu yommuu agarsiisu saamuda qorannoo daa'ima reefuu dhalate irratti erga dhalatee booda kan mul'atu yoo ta'u, adeemsa da'umsa baratamaa/idilee irraa kan ka'e ta'uu hin oolu. Keessattuu kun dhugaa kan ta'u daa'imni da'umsa walxaxaan yoo dhalate , miidhaan yoo irra ga'e, Iddoo turtii NICU keessa yoo ture, ykn qorannoon daa'ima reefuu dhalatee duraan walitti kan qabame yoo ta'edha. Haalota kanneen keessatti, CK-MM adeemsa yeroo keessatti ofumaan gara fayyaatti ni deebi'a.

Darbee darbeemmoo, bu'aan qorannoo kun sababa dhibee maashaalee jeneetikii kan akka Dacheen maaskular daayistiroofii (DMD) ykn Beekeer maaskular daayistiroofii (BMD) irraa kan dhufudha. CK-MM namoota dhuunfaa dhibee maashaalee kana keessaa tokko qabaniif turtii yeroo keessa olka'aa ta'ee akka turu eegama.

### Itti aansuun maaltu ta'a?

Daa'imni keessan DMD/BMD qabamuun kan hin fakkaanne ta'us, mirkaneeffachuudhaaf qorannoon dabalataa barbaachisaadha.

Doktarri mucaa keessanii yeroo mucaan yoo xiqqaate torban lama ta'u qorannoo irra deebii daa'ima reefuu dhalatuu walitti ni qaba. Qoraannoowwan irra deddeebi'amanii taasifaman baay'een isaanii bu'aa fayyaa ta'uu kan agarsiisanidha kanaafuu qorannoon biraa hin barbaachisu.

CK-MM'n olka'aa ta'ee yoo hafe, doktarri mucaa keessanii ispeeshaalistootaa haala maashaalee beekan waliin qorannoo dabalataa taasisuuf haala ni mijeessa.

### Mucooliin maaliif dhibee DMD/BMD qoratamu?

DMD fi haalli salphaan kanaan walqabatu BMD kan jedhamu rakkoo maashaalee ijoollummaa duraa/jalqabaa keessatti mul'atudha. Adeemsa yeroo keessa maashaaleen akka malee dadhabuu fi maashaalee akka hojjechuu dadhaban taasisa. Dhibeewwan kun yeroo baay'ee dhiirota kan miidhan yoo ta'u, dubartoota irratti yeroo baay'ee mallattoolee hin agarsiisu ykn mallattoo salphaa ta'e agarsiisa.

DMD/BMD fayyuu hin danda'u, garuu yeroodhaan/dafanii gidduu seenuun dhukkubicha hir'isuu fi qulqullina jireenyaa fooyyessuuf gargaaruu danda'a.

### Maddeen Odeeffannoo

**Wabiilee Genetics Home Irra jiran:**
http://ghr.nlm.nih.gov

**Mucoolii Karaa Qorannoo Faawundeeshinii Baraaruu:**
www.savebabies.org

**Qorannaa Jalqabaa Mucaa:**
www.babysfirsttest.org

**Odeeffannoo dabalataa waa'ee qorannoo daa'imman reefuu dhalatanii Minnesota keessatti argachuuf asirraa iskaan godhaa ykn marsariitii keenya daawwadhaa:**
www.health.state.mn.us/people/newbornscreening

DEPARTMENT OF HEALTH

Sagantaa Qorannaa Daa'imman Reefuu Dhalatanii Minesootaa | www.health.state.mn.us/newbornscreening
L.S. Poostaa 64899, St. Paul, MN 55164
Odeeffannoo kana bifa adda ta'een argachuudhaaf: health.newbornscreening@state.mn.us argadhaa ykn (800) 664-7772 irratti bilbilaa ***turjumaanonni ni argamu***

REV 2/2025